WARAQAA ODEEFFANNOO FAYYADAMTOOTAA FI DHIHEESSITOOTAAF

HEYYAMA FAYYADAMA HATATTAMAA(EUA) TALAALLII PFIZER-BIONTECH COVID-19 DHUKKUBA KORONAA VAAYRASII ITTISUUF NAMOOTA WAGGAA 12 FI ISAA OL JIRANIIF QOPHAA'E.

Talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamu dhukkuba Koronaa Vaayirasii (COVID-19) kan SARS-CoV-2 jedhamuun dhufu irraa akka si ittisuuf siif dhihaatedha. waraqaan odeeffannoo kanaa gaditti siif kenname kun odeeffannoowwan dhimma Kanaan walqabatan, bu'aafi miidhaa talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamuu siif balballoomsa. Kun ammo sababii yeroo kanatti dhimmi dhukkuba COVID-19 babal'atee jiruuf talaallii siif kennamu waan ta'eefidha.

Talaalliin Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamu tarii akka COVID-19 sinqabneef sigargaara ta'a. Haata'u malee dhaabbanni Nyaataafi Dawwaa biyya Amarikaa (FDA)akka talaalliin kun COVID-19 guutummaatti namarraa dhorkuu danda'u hinmirkaneessine.

Waraqaa odeeffannoo Pfizer-BioNTech COVID-19 kanas odeeffannoo irraa argachuuf jecha dubbisi. Yoo gaaffii qabaatte ammo qaama talaallii sana siif kennu sana baldhinaan gaafadhu. Talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 fudhachuun filannookeeti.

Talaalliin Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamu marsaa lamaan kan garaagarummaa torbee sadiin kan kennamudha. Maashaalee qaamaarra kan kennamudhas.

Talaalliin Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamu nama hundarraa dhukkubicha dhorkuu dhiisuu mala.

Waraqaan odeeffannoo kun yeroo yerootti waan fooyya'aniif kan baayyee dhihootti fooyya'e argachuuf marsariitii kana agadii cuqaasuun dubbisuu hindagatiin www.cvdvaccine.com.

TALAALLII KANA UTUU HINFUDHATIIN DURA MAAL BEEKUU QABDA

COVID-19 MAALIDHA?

Dhukkubni COVID-19 koronaa Vaayrasii SARS-CoV-2 irraa kan nama qabudha. Akaakuun Koronaa Vaayrasii akkanaa kana dura argamee hin beeku. COVID-19 xuxxuqqaa nama dhukkubichaan qabameen nama qabuu nidanda'a. Dhukkubni kun irra caalaatti qaama hargansuu miidhuun qaamota addaa garaarran miidhaa geessisa. Namoonni COVID-19 kanaan qabaman mallattoolee dhukkuba salphaarraa hanga dhukkuba ciccimootti akka irratti argamu gabaasaniiru. Mallattooleen kunneen guyyaa 2-14 tti namarraa mul'achuu danda'a. Mallattooleen mul'atan kunneenis qaama ho'ina; qufaa, hanqina qilleensa baasuu, dadhabbii, dhukkubbii maashaalee qaama namaa, mataa dhukkubbii, foolii dhamdhammii namarraa baduu, waraansa, furrii funyaanirraa baldhinaan jiguu, of wallaaluu, oldeebisuu/balaqamuufi garaa kaasaafaati.

TALAALLIIN PFIZER-BIONTECH COVID-19 MAALIDHA?

Talaalliin Pfizer-BioNTech COVID-19 COVID-19 namarraa ittisuuf hinmirkanoofne. Dhaabbanni FDA jedhamu talaallii kennamu kun akka COVID-19 namarraa ittisuu hinmirkaneessine.

FDA n nafoof yookaan dhimma sardaa kanaaf Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamu namoota umuriin isaanii wagga 12 fi isaa ol jiran akka COVID-19 irraa ittiin of ittisaniif kan Hayyama Fayyadama Hatattamaa (EUA) n mirkaneeffamedha.

Heyyama Fayyadama Hatattamaa (EUA) n maal akka ta'e beekuuf waraqaa odeeffannoo kana dhumarratti mataduree Hayyamni Fayyadama Atattamaa maali? "**What is an Emergency Use Authorization(EUA)?**" jedhu dubbisi.

UTUU TALAALLII Pfizer COVID-19 HINFUDHATIIN DURA KAN ATI OGEESSA TALAALLII SANA SIIF KENNUUF AKKA IBSITUUF GAAFATAMTU KANNEEN AKKAMIITI?

Qaama talaallii siif kennu sanatti haala fayyummaa keessa jirtuu hunda addumaan ammo kanneen kanaa gadii itti himuu hindagatiin:

- Alargii / qabaachuukee
- Dimmachuu maashaale onnee (myocarditis) ykn dhiita'uu fi rifachuun qaama sarara ala onnee (pericarditis) qabachuu
- Ho'ina qaamaa jabaa
- Dhiigdoo hamaafi qallina dhiigaa
- Dawwaa kan annisaa qaamakee miidhaa jiru fudhataa akka jirtu
- Ulfa qabachuukee yookaan ulfaa'uuf karoora qabaachuukee
- Daa'ima harma hoosisaa jiraachuukee
- Talaallii COVID-19 kana dura fudhachuufi dhiisuukee
- Marfee wajjin walqabaatee yoomiyyuu gaggaabuu

TALAALLII PFIZER-BIONTECH COVID-19 JEDHAMU EENYUTU FUDHATA?

Dhaabbanni FDA jedhamu nafoof jecha talalalii Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamu namoota umuriin isaanii wagga 12 fi isaa ol jiran akka fudhatan mirkaneesseera.

TALAALLII PFIZER-BIONTECH COVID-19 JEDHAMU EENYUTU HINFUDHATU?

Talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamu kan ati fudhachuu hindandeenye:

- Yoo talaallii marsaa jalqabaa fudhatterratti alarjikii hamaadhaan qabamtee ta'e,
- Yoo talaallii wantoota dawwaan kun irraa hojjetamanirraan qaamnikee jibbee alarjikii sitti kaasedha.

TALAALLIIN PFIZER-BIONTECH COVID-19 JEDHAMAN MAAL MAALIRRAA HOJJETAMAN?

Talaaliin Pfizer BioNTech walnyaatinsaafi walitti ida'amina kanneen akka mRNA, lipids ((4-hydroxybutyl)azanediyl)bis(hexane-6,1-diyl)bis(2-hexyldecanoate), 2 [(polyethylene glycol)-2000]-N,N-ditetradecylacetamide, 1,2-Distearoyl-sn-glycero-3- phosphocholine, and cholesterol), potassium chloride, monobasic potassium phosphate, sodium chloride, dibasic sodium phosphate dihydrate, fi sucrose irraa kan hojjetamanii dhiyaatanidha.

TALAALLIIN PFIZER-BIONTECH COVID-19 JEDHAMU AKKAMIIN KENNAMA?

Talaalliin Pfizer-BioNTech COVID-19 lilmoodhaan maashaalee qaamakee keessaa iddoo tokkorra siif kennama.

Talaalliin Pfizer-BioNTech COVID-19 garaagarummaa torban sadii keessaatti marsaa lamaaf kennama.

Talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamu marsaa jalqabaaf yoo fudhatte doozii guutuu akka ta'uuf torbee sadansaatti ammo yeroo lammaffaaf deebitee fudhatta.

TALAALLIIN PFIZER-BIONTECH COVID-19 JEDHAMU KANA DURA DHIMMA ITTI BA'AMEE BEEKAA?

Talaalliin Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamu talaallii hinmirkanoofnedha. Sadarkaa ogummaa yaalii jalqabaatiif tilmaamatti namoota umuriin wagga 12 fi isaa ol kan jiran 23,000 ta'antu marsaa jalqabaatiif doozii Pfizer-BioNTech COVID fudhate.

FAAYIDAAN TALAALLII PFIZER-BIONTECH COVID-19 MAAL MAALFAADHAA?

Akka yaaliin ogummaa yeroo ammaa kanaa agarsiisaa jirutti talaalliin Pfizer-BioNTech COVID-19dhukkuba COVID-19 irraa nama ittisa jedhamee abdatama. Dooziin lamaan garaagarummaa torban sadiitiin kennama. Yeroo hagamiif talaalliin kun nama gargaara kan jedhuuf ammaaf qorannoon hinmikanoofne.

BALAAWWAN TALAALLII PFIZER-BIONTECH COVID-19 MAAL FAA DHAA?

Talaalliin Pfizer-BIONTECH COVID-19 caraan fegeenyaan kan rakkina adanyo rakkisaa geessuu danda'u jira. Rakkina adanyo rakkisaan hanga qoricha kan talaallii Pfizer-BIONTECH COVID-19 erga fudhatame booda yeroo bayyee daqiiqaawwan muraasaa hanga sa'atii tokko kessatti ni mul'ata. Sababa kanaaf, talaallii fudhachuu booda dhiheesaan talaallii keessan isin kunuunsuudhaaf iddo talaallii fudhatan akka turtan isin gaafachuu danda'u. Mallattoowwan rakkina adanyo rakkissan kan ittaanuu ofkeessatti qaba:

- Rakkina hargansuu,
- dhiita fuula fi qoonqoo kessanii,
- Rukutta Onnee saffisaa,
- Qaama keessan hunda irratti tuqaa dimma badaa,
- lafti namaan maruu fi dadhabbii

Dimmachuu maashaale onnee (Myocarditis) fi dhiita'uu fi rifachuun qaama sarara ala onnee (pericarditis) namoota muraasa warra talaallii Pfizer-BioNTechCOVID-19 fudhatan irratti mullatee ture. Namoota hedduu kana keessaatti, mallattoowwan kun talaallii hanga qoricha lammaffaa talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 fudhachu horddofuutiin guyyoota muraasa keessatti jalaqaba. Carraan aragamuu isaas baayyee xiqqaa dha. Isin erga talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 fudhattan booda mallattoowwan armaan gadii yoo sirratti argaman, hattatamaan kunuunsa wal'aansaa barbaaduu qabdu:

- Dhukkubbii laphee
- Hir'ina argansuu
- Ariitiin arganuun yoo isinitti dhagaa'ame, dha'annaa fi rukuttaa onnee

Miidhaaleen talaallii Pfizer-BioNTechCOVID-19 gabaafaman kanneen of keessaa qabaata:

- adanyo hamaa
- adanyo kan hin taane kanneen akka dhiita'uu qaamaa, hooxxoo, madaa'uu qaamaa yookaan dhiita'uu fuulaa
- dimmachuu maashaale onnee (myocarditis)
- dhiita'uu fi rifachuun qaama sarara ala onnee (pericarditis)
- idoon marfee fudhatan dhukkubuu
- dadhabbii
- dhukkubba mataa
- dhukkubbii maashaalee qaamaa
- qorroota
- dhukkubbii dhukaa
- dhagna gubuu
- dhiita'uu iddoo marfee
- diimachuu iddoo marfee
- hooqqisa
- miira nagaa ta'uu dhabuu
- dhiita'uu mudaamuddii (lymphadenopathy)
- teessisuu
- hooqqisa
- dhukkubba irree

Kunneen hundi miidhaalee talaallii Pfizer-BioNTechCOVID-19 ta'uu dhiisuu malu. Miidhaan jabaa fi kan hin eegamne uumamuu ni danda'a. Talaalliin Pfizer-BioNTechCOVID-19 ammallee yaalii kiliniika kessatti qorannaa irra jira.

DHIMMA MALLATTOO DHIIBBAA CINAA KANAAF MAAL GOONU?
Yoo alarjikii hamaan isaa talaallii sana booda siqabe atattamaan 9-1-1 bilbili yookaan mana waldhaansaa sitti dhiyoo jiran bira dafii dhaqqabii yaalii argadhu.

Buufata talaallii siif kenne sanatti bilbiliiti haala jiran hunda ibsiifiiti gorsa isaanirraa argattu hojiira oolchi.

Yookaan ammo gabaasa miidhaa Talaallii fudhachuun dhufu **FDA/CDC Vaccine Adverse Event Reporting System (VAERS)** jedhamu quunnami. Qaama VAERS - jedhamu kana bilisaan lakkoofsa 1-800-822-7967 irratti bilbili yookaan sarara marsaalee kalalttii marsariitii https://vaers.hhs.gov/reportevent.html Irraa ilaali. Talaallii "Pfizer-BioNTech COVID-19 Vaccine EUA" kan jedhu sarara jalqabaa saanduqa #18 irra unka jiru guuti.

Dabalataanis dhiibbaa hamaa inni qaqabsiisuu maluuf Pfizer Inc irra seentee odeeffannoo kanaa gadiin quunnamuu dandndeessa.

Marsariitiitii	Lakkoofsa Fax	Lakkoofsa Bilbilaa
www.pfizersafetyreporting.com	1-866-635-8337	1-800-438-1985

V-safe tiin akka galmooftan filannoon isinfis kennamuu danda'a. V-safe meeshaa bilbila hammayyaawaa haaraaa fedhii irratti hundaa'e namoota talaallii fudhatan wajjin galmeessuf erga talaallii COVID-19 bu'aawwan geessuu danda'u adda baasuuf eergaa barruu fi qorannaa saphaphuu kan fayyadamu dha. V-safe nagaa talaalliiwwan COVID-19 ilaaluuf CDC kan gargaaran gaaffilee dhiyeessa. Yoo hirmaattoonni talaallii COVID-19 ittaanee dhibbaa fayyaa barbaachisaa gabaasan, V-safe yoo barbaachisaa ta'e yaadannoowwan hanga qorichaa lammaffaas ni dhiheessa akkasumas CDC tiin hordoffi bilbla jiraataa ni dhiheessaa. Galamaa'uu irratti odeeffannoo dabalataaf, daawwadhaa: www.cdc.gov/vsafe.

TALAALLII PFIZER-BIONTECH COVID-19 YOON FUDHACHUU DHIISE MAALAN TA'A?
Talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 fudhachuufi dhiisuun filannoo keeti. Talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 fudhachuuf dhiisuun galmee kuusaa fayyaakeetiirratti dhiibbaa qaqqabsiisu tokkoyyuu hinqabu.

TALAALLII PFIZER-BIONTECH COVID-19 KANAAN ALA COVID-19 IRRAA NAMA FAYYISUUF CARRAA BIRAAN JIRAA?
Amantanaan, COVID-19 ittisuudhaaf talaalliin mirkanaa'e hin jiru. COVID-19 ittisuudhaaf talaalliiwwan adda Mirgeessaa Fayyadama atattamaa jalaatti jiraachuu danda'u.

TALAALLII PFIZER-BIONTECH COVID-19 KANA FAANA TALAALLII KABIROO FUDHACHUU NAN DANDA'AA?
Haala itti fayyadaminsa talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 talaallii biroo waliin fudhachuu irratti hanga ammaa odeeffannoo gahaan hinjiru.

YOON ULFA YOOKAAN HARMAN HOOSISA TA'E MAALAN GODHA?
Yoo ulfa yookaan harma kan hoosisaa jirtu ta'e, carraa biraa siif laatamu ogeeyyota yaalii jalqabaa siif kennan faana mariyadhu.

TALAALLIIN PFIZER-BIONTECH COVID-19 COVID-19 NAQABSIISA TA'INNAA?
Lakki. Talaalliin Pfizer-BioNTech COVID-19 kamiyyuu SARS-CoV-2 of keessaa hinqabu kanaaf COVID 19 sin qabsiisu.

RAGAAN TALAALLIIKOOTI OL NAAF KAAWWAMAA?
Yeroo talaallii marsaa jalqabaa argattuutti waraqaan mallattoo (Kaardiin) siif kennama. Yeroo marsaa lammaffaaf talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 fudhattuutti waraqaa sana qabadhuu dhiyaadhu.

ODEEFFANNOO DABALATAA
Yoo gaaffii kan qabdu ta'e, marsariitii siif kenname daawwadhu; yookaan ammo lakkoofsa bilbilaa kanaa gaditti siif kenname irratti bilbili.

Unkaalee haarawaa yeroo yerootti haaromfamanii ba'an argachuuf baarkooddii QR kanaa gadii kaafadhuu talafoonakeerraa qabaadhu.

Marsariitii Addunyaalessaa	Lakkoofsa Bilbilaa
www.cvdvaccine.com	1-877-829-2619 (1-877-VAX-CO19)

AKKAMITTAN CAALAATTI BARADHAA?

- Qaama talaallii siif dhiyeessu gaafadhu
- CDC daawwadhu https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/index.html.
- FDA daawwadhu https://www.fda.gov/emergency-preparedness-and-response/mcm- legal-regulatory-and-policy-framework/emergency-use-authorization.
- Mana fayyaa naannookee jiran hundaa gaafadhu

ODEEFFANNOOWWAN TALAALLIIKOOTI YOOM WARAABAMEE OLKAAWWAMAA?

Qaamoliin talaallii kana siif kennan kuusaa firii talaallikeeti achuma naannoo ati jiraattu sirna ILS jedhamu keessa siif tursa. Kun kan mirkaneessu yeroo marsaa 2ffaaf talaallii fudhachuuf deebitullee achumarraa kan argattu ta'a. Dhimma ILS barachuu yoo feete Marsariiti kana daawwadhu https://www.cdc.gov/vaccines/programs/iis/about.html.

TALAALLII COVID-19 FUDHACHUU DHAAF KAFALTII BULCHINSAA NA KAFFALSIISUU DANADA'AA?

Lakki. yeroo kanatti, dhiheessichi kafaltii qoricha talaallii isin kaffalsiisuu hin danda'uu akkasumas dhiheessichi kaffaltii bulchiinsa talaalli ykn talaallii COVID-19 qofa fudhchuutiin kaffaltii kan biraa kamiyyuu kiisii keessaa isin kaffalissuu hin danda'u. Garuu, dhiheessitoota talaallii sagantaa ykn karoora irraa fudhattoota talaallii (Baraarsaa dhunffaa, Medicare, Medicaid, Bulchiinsa Qabeenyaa fi Tajaajiloota Fayyaa [HRSA] COVID-19 Sagantaa baraarsa hin qabne fudhatoota baraarsa hin qabne) kaffaltii bulchiinsa talaallii COVID-19 kan bakka buusu deebii kaffaltii ni barbaadu ta'a.

DHIMMOOTA KAN BURJAAJIIN SHAKKAME EESSATTIN GABAASA GODHA?

Namoota ulaagaa sagantaa talaalii CDC COVID-19 burjaajii uuman kamiyyuuf ragaa argattan gara Biroo Ajajaa Waligalaa tiif, U.S Tajaajiloota fayyaa fi Namaa (U.S. Department of Health and Human Services), 1-800-HHS-TIPS ykn https://TIPS.HHS.GOV irratti akka gabaasan jajjabeeffamu.

SAGANTAAN QAAMA SABABA KANAAN MIIDHAME HIRPHUU MAALI?

Qaamni sagantaa dhimma dhukkuba Kanaan walqabataniif gargaarsa kennu (CICP) jedhamu sagantaa qama federaalaan ijaarame ta'ee kan sababa Talaalliifi kan kana fakkaataniin miidhaafi madoo nama dhaqqabaniif hirphadha. Sagantaan kun kaffaltii baasii namoota akka malee qoricha yookaan dawwaa isaaniif kennamurraan kan ka'e hirphuudhaaf mootummaa biraa kennamudha. Hubadhu! Iyyannoo ati CICP f galchitu

dawwaa/Talaallii sana fudhattee wagga tokko keessaatti ta'uu qaba. Waa'ee dhimma CISP kanaa baruuf marsariitii www.hrsa.gov/cicp/ yookaan lakkoofsa 1-855-266-2427 kanatti bilbili.

HAYYAMNI FAYYADAMA ATATTAMAA (EUA) JEDHU MAALIDHA?

AmarikaaN FDA jalatti talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 jedhamu kan sardana/nafoof faayidaarra oolu kan EUA jedhamu tolchite. EUA n labsii barreessaa olaanaa fayyaafi tajaajila uummataan (HHS) haala baayyee sardaa ta'e keessaatti dawaa bu'aa baayoloojawaa kan yeroo kan akka dhukkuba COVID-19 kanaa as baafamee nama gargaaruuf tumamedha.

Talaalliin Pfizer-BioNTech COVID-19 ulaagaa FDAn barbaaduun kan mirkanaa'e miti. FDAn ulaagaalee ittiin dawwaa tokko mirkaneessu kan mataa ofii kan akka mijatoo mitii; mirkanneeffannoofi kallattiiwwan biro jedhufaa niqaba. Dablataanis FDAn murtiiwwan raga bu'aa saaynsii kan omishni talaallii kanaa fiduu danda'an kallattii garaagaraan erga raga walitti qabatee booda bifan ama amansiisuufi namarratti dhiibbaa hinqabaanneen kan mirkaneessudha. Keessumaa yeroo dhimma sardaa kan COVID-19 jedhamu kun addunyaa weeraraa jiru kana keessaatti dhuguma talaalliin kun dhukkubicha ittisuufi dhiisuuf dandeettii niqaba kan jedhu mirkaneeffata. Ulaagaawwan kunneen hundi guutuu yeroo ta'an qofa kan talaalliin Modernaa COVID-19 kun hojiirra oolee mirkaana'u jedhamu.

EVA n Talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 kun yeroo COVID-19 dhimma nafoo/Sardaaf kan EUAn itti amanamee oomisha kennamedha; kunis hanga oomishni alaallii kun bu'a dhabeessa ta'uufi yookaan akka hinfayyadamneef dhorkamutti kan hojiirra jiru ta'a.

Pfizer

Kan Oomishame
Pfizer Inc., New York, NY 10017 dhaani

BIONTECH

Kan Oomishame
BioNTech Manufacturing GmbH An der
Goldgrube 12
55131 Mainz, Germany
LAB-1451-4.2a
Irra deebi'ame: 25 Waxabajjii 2021

QR kanaa olitti argitu kana unka maamiltoota kan Talaallii kana fudhataniin bu'aa sirna fayyummaa isaanii ittiin daawwachuuf itti gargaaramanidha. Kanaafuu kana suuraa kaafattee itti qabuun ittiin seenta.

Guyyaan Barcode: 05/2021